

## **Qorannoo sodaa dhukkuboota onnee fi ujummoolee dhiigaa (Cardiovascular disease risk screening)**

Qorannoonaan sodaa dhukkuboota onnee fi ujummoolee dhiigaa fayyummaa onnee fi ujummoolee dhiigaa keessan safara. Yeroo dookteriin qorannoo keessan geggeessutti, waggoota 10 n itti aanan keessatti qabxii carraa dhukkuba ykn dadhabbi onneen qabamuu keessan isintti hima (sodaan sana hir'isuuf tattaaffii hin taasistan taanaan).

Sodaawwan kunniiin hir'isuuf isinii fi dookterri keessan qabxii qorannaan dhuunfaa kana fayyadamuu dandeessu. Sodaan kunniiin hir'isuun dhukkuba ykn dadhabbi onneen qabamuu keessan ittisuu danda'a.

### **Maaliif qoratamuun anarra jiraata?**

**(Why should I get screened?)**

#### **Namni kam iyyuu sodaa dhukkuba onnee fi ujummoolee dhiigaa sadarkaa murtaa'e ni qaba.**

Kanaadaa keessatti, dhukkubni onnee (gosa dhukkuba onnee fi ujummoo dhiigaa) dhukkuba balaafamaa lubbuu nama baay'ee ajjeesu isa 2ffaa dha. Sa'a tokko keessatti, Lammilee kanaadaa dhukkuba onnee qaban kan umurii 20 olii keessaa nama 12tu du'a. Fayyaa fi qulqullina jireenyaa keessaniif jecha sodaa ykn balaa qabdhan to'achuun barbaachisaa dha.

Sodaan ykn balaan keessan kanneen armaan gadiitiin dhiibbaan irra ga'uu danda'a:

- Itti fayyadama tamboo
- Dhiibbaa dhiigaa
- Sadarkaa koolestiroolii
- Dhukkuba sukkaaraa
- Seenaan maatii
- Sadarkaa sochii
- Umutii (dhiironni yeroo baay'ee umurii wagga 55 hanga 64 gidduutti yoo ta'u, dubartoonni immoo umurii wagga 65 hanga 74 gidduutti dhukkubni onnee fi ujummoolee dhiigaa kun irratti argama)
- Alkoolii dhuguu
- Amala soorataa
- Wal-qunnamtii saalaa (carraa dhiironni dhukkuba onneen qabamuu kan dubartootaa irra dacha 2 dha)
- Sadarkaa cinqamaa
- Ulfaatina

Sodaan dhukkuba onnee fi ujummoo dhiigaa qabda beekuun sodaawwan sana akka hir'istaniif isin gargaara.



## **Qorannoон sodaа dhukkuba onnee fi ujummoolee dhiigaa kun akkamiiн raawwata?**

**(How is cardiovascular disease risk screening done?)**

Albeertaa keessatti, qorannoон sodaа bu'aa qorannoо fayyaa laabooratooriihakiimni maatii ykn dhiheessaan jalqabaa keessan mijeessu fayyadama. Dookteri keessan waa'ee seenaa fayyaa keessanii gaaffii hedduu isin gaafachuun unka gaaffii laaboratorii guutuu danda'a. Sana booda qorannoо keessaniif gara laabii deemuu dandeessu.

Laabiин dhibbeentaa carraа dhukkubi onnee ykn dadhabbiin onnee waggoota 10n dhufan keessatti isin qabuuf qabu shallaguudhaaf odeeфfannoo dookteriin keessan dhiheesseefi bu'aa qorannoо dhiigaa keessan fayyadama. Meeshaa isaan fayyadamaman qabxii sodaа Firaamiingaam (FRS, Framingham risk score) jedhama.

Namni umuriin isaa wagga 40 hanga 75 gidduu jiru kam iyyuu qoratamuу danda'a. Keessumaa dhibeewwan balaafamoo akka dhukkuba kale fi sukkaaraа qabaannaan qoratamuun barbaachisaa dha.

## **Qabxii sana beekuun barbaada. Waa'ee qoratamuу kana dooktera koo waliin mari'achuu nan danda'aa?**

**(I would like to know my risk score. Can I talk to my doctor about being screened?)**

Eyyee Waa'ee qoratamuу keetii fi maaliif qoratamuу akka barbaadde dooktera waliin yoo mari'attan fayyaa keessan irratti to'annoо gahaa akka qabaattan isin gargaara. Sodaа dhukkuba ykn dahdhabbiи onnee keessanii hir'isuuf odeeфfannoo isin barbaachisu dabalataa isinii fi dooktera keessaniif kenna.

Yeroo tokko tokko qorannoowwan muraasa gochuuf ykn maaliif akka gochuу barbaaddan dookteratti himuun ulfaachuu danda'a. Waa'ee sodaawan dhukkubbii onnee fi ujummoolee dhiigaa dabalanii dabalataan barachuun dooktera keessan akka dubbistaniif isin gargaara.

Waa'ee sodaа keessaniif jecha dooktera dubbisuu keessanii dura shallagduu sodaа dhukkuba onnee fi ujummoolee dhiigaa toora irraа yaaluu dandeessu. Osoo dooktera hin dubbisiin dura odeeфfannoo kana argachuun marii bu'a qabeessaa fi waliin ta'uun murtii akka kennitan isin gargaara.

## **Shallaggii sodaа kootii akkamiiнаn argadha?**

**(How will I get my risk score?)**

Laabiин sodaа keessan shallaguun gara dooktera keessanii erga. Dabalataanis shallaggiin sodaа keessanii enyummeessa Galmee MyHealth ni dabalam. Fayyaa keessan to'achuuf waan gargaaruuf shallaga sodaа keessanii baruun barbaachisaa dha.

## **Shallaggiin sodaа kootii hiika maalii qaba?**

**(What does my risk score mean?)**

Shallaggiin sodaа keessanii sodaа gad-aanaa, sodaа giddu-galeessaa ykn ol'aanaati qoodama.

Bu'aan shallaggii keessanii maalis ta'u, haala jirenyaa jijiiruun sodaа keessan ni hir'isu.

Sodaа giddu-galeessaa ykn ol'aanaa yoo qabaattan, dookteriin keessan qoricha istaatinii kan sodaа kana hir'isu fudhachuu akka eegaltan ajajuu danda'a. Istaatinii garee qorichootaa koolestiroolii dhiiga keessan keessa jiru hir'isudha.

Dhukkuba sukkaaraа, dhukkuba onnee (atherosclerosis), ykn dhukkuba kale balaafamaa qabdu taataan, battalumatti nama sodaа ol'aanaa qabu keessatti ramadamuun, yaala istaatinii akka fudhatten isiniif ajajama. Haalota kanneen keessaa tokko yoo qabaattan, waa'ee filannoo yaala keessanii dooktera waliin mari'adhaa.

Qorannoо sodaа dhukkuboota onnee fi ujummoolee dhiigaa

Cardiovascular disease risk screening

## Shallaggii sodaa kootii akkamittan hir'isuu danda'a?

### (How can I lower my risk score?)

Haala jirenyaa keessan jijiiruun shallaggii sodaa keessanii hir'isuu dandeessu. Sodaan dhukkuba onnee ykn istirookiin qabamuu keessan hir'isuuf karaawwan gurguddoo lamatu jira.

**Istaatinii fudhachuu** Shallaggiin keessan giddu-galeessa ykn ol'aanaa yoo ta'e, dookterri keessan istaatinii ajajuu danda'a. Istaatinii gosoota qorichaa ajajaman warra beekamoodha. Dhukkuba onnee ykn istirookiin qabamuu irraa isin ittisu. Namoonni tokko tokko waa'ee miidhaa cinaa istaatinii yaadda'u. Waa'ee qorichoota istaatinii dabalataan baradhaa.

**Jijiirama haala jirenyaa gochuu** Istaatinii fudhachuu qofti sodaa dhukkuba onnee ykn istirookiin qabamuu keessan ni hir'isa, garuu tarkaanfilee kan biroo fudhachuunis barbaachisaadha. Sodaan dhukkuba onnee fi ujummoolee dhiigaa hir'isuuf haala jirenyaa jijiiruun barbaachisaadha. Haala jirenyaa keessan jijiiruun sodaa keessan hir'isuuf karaalee hedduutu jira.

- **Alkoolii xiqqaa dhuguu**

- Alkoolii baay'ee dhuguun dhiibbaa dhiigaa keessan dabala. Dabalataanis qabiyyeewan coomaa, tiriigiliseriids jedhaman dhiiga keessan keessatti dabala. Waantonni kun lamaan iyuu sodaa ykn carraa dhukkuba onnee fi ujummoolee dhiigaatiin qabamuu keessan ni dabala.
- Dubartooni guyyaatti dhugaatii 1 ol dhuguu hin qaban. Dhiironni guyyaatti dhugaatii 2 ol dhuguu hin qaban. Shallaggii sodaa keessan irratti hundaa'uun, caalaadhumatti dhugaatii alkoolii keessanii daangessuu ykn guutummaatti dhaabuun isin irra jiraachuu mala.

- **Soorata fayyaaleyyii soorachuu**

- Sooratoota baay'ee qinda'an kanneen akka kuukisii, chiipsii, ykn daabboo adii daangessuun bakka jalqabbii gaariidha.
- Hanga ashaboo soorattan hir'isuu. Ashaboo baay'ee soorachuun dhiibbaa dhiigaa keessan ol kaasa, kun immoo dhukkuba onnee fi ujummoolee dhiigaatiif karaa bana.
- Soorata keessan midhaan dheedhii, kuduraalee, muduraalee, fi foon cooma hin qabne irratti xiyyeefadhaha.
- Qooda dhugaatiawan sukkaara qaban akka pop, bishaan dhugaa.
- Haala soorataa keessan irratti jijiirama fiduun ulfaachuu danda'a. Leecalloowwan isin deggeran, kanneen akka qajeelcha soorata Kanaadaa ni jiru.
- Gara ogeessa soorataatti isin akka qajeelchaniif dookteria keessan waliin mari'adhaa. Amala soorataa fedhii fi haala fayyaa keessanii wal simu ijaaruu keessatti isin faana hojjechuu danda'u.

- **Sochiilee qaamaa muraasa gochuu**

- Sochiilee qaamaa muraasa gochuun sababoota dhukkuba onnee fi ujummoolee dhiigaa kanneen akka furdina humnaa olii fi dhiibbaa dhiigaa ol'aanaa akka to'attan taasisa.
- Torbanitti guyyoota baay'ee daqiiqaawwan 30f (torbanitti daqiiqaawwan 150) socho'uun ni jajjabeffama. Guyyaa hundumaa miilaan deemuu eegaluu jalqabbii gaariidha.

## Dhiphina keessan to'achuu

- o Cinqamni ulfaataan yeroo gabaabas ta'u kan yeroo dheeraa onnee keessan miidhuu danda'a.
- o Cinqiwwan hunda dhabamsiisuu yoo dadhabdan illee, wantoota isin dhiphisan irraa yeroo muraasa fagaachuu, qaamaan dammaqaata'u, fi hafuura dheeraa baafachuu ykn qalbi ofiitti deebi'uun dhiphina kana to'achuuf ni gargaaru.
- o Dhiphinaaf deebii maalii akka kennitan hubachuun tuqaa jalqabbii gaariidha. Dhiphina to'achuun yoo isin rakkise, akkamittiin dhiphina akka hir'istan irratti dooktera waliin mari'adhaa.

## Tamboo aarsuu dhaabuu

- o Tamboon onnee fi hidhoota dhiigaa keessan hubuu danda'a. Niikootiniin dabalataanis dhiibbaa dhiigaa keessan ol kaasa.
- o Tamboo dhaabuun ulfaachuu danda'a, garuu deggersi ni jira. AlbertaQuits tokko tokkoo tarkaanfii isin qajeelcha.

## Sodaa kiyya hir'isuuf deggersa bakka biroo essaan argadha?

(Where else can I get help to lower my risk?)

Jijiiramoota kunneen fiduun ulfaataa fakkaachuu mala akkasumas essaan akka jalqabdan baruun rakkisaa ta'uu mala. Garee kunuunsa keessan keessatti ogeessa soorataa fi hojjetaa hawaasummaa dabaluun ce'umsawwan kunneen keessatti isin gargaara. Deggersawan jiran ilaachisee dooktera keessan waliin dubbachuu Sagantaa Jirenya Fayyalessaa Albeertaan wal qunnamaa.

Dabalataanis leecalloowwan toora irraa ni jiru. Bakka jalqabbii Heart and Stroke Foudation gaariidha.

## Qorannoo Sodaa Dhukkuba Onnee fi Ujummoo dhiigaan Wal qabatee

(Related to cardiovascular disease risk assessment)

- Dhiibbaa dhiigaa keessan hir'isaa
- Soorata fayyalessa sooradhaa
- Sochii jabinaa fi gahumsa qaamaa hojjedhaa
- Tamboo aarsuu dhaabaa
- Istaatiiniwwan

**Gorsa narsii sa'a 24/7 fi odeeffannoo fayyaa walii galaaf karaa 811 tiin Heelz Liinkiif bilbilaa.**

Turjumaana ykn hiikaa afaanii yoo barbaaddan, afaan barbaaddan caqasaa.

**Yeroo xumuraatiif kan ilaalam:** Hagayya 5, 2022

**Barreessaan:** Cardiovascular Health and Stroke SCN, Alberta Health Services

Waraqaan kuni gorsa ogeessa fayyaa ulaagaa guutuu bakka hin bu'u. Waraqaan kuni akka kennaa odeeffannoo waliigalaa qofatti kan dhiyaatee fi "akkuma jiruu", "bakkuma jiru" irratti hundaa'udhaan kan kennameedha. Dhugummaa odeeffanichaa mirkaneeffachuuudhaaf tattaaffiin gahaan taasifamus, Alberta Health Services bakka bu'ummaa ykn wabii, ibsa, gahuumsa, sirroominsa isaatiif, dhugummaa, guutummaa, taatummaa ykn mijaa'ummaa dhimma ykn odeeffannoo ta'ee hin kenu. Alberta Health Services waraqaalee kanneen fayyadamuudhaan wal qabatee gaafannaawwan, gochoota, fedhiwwan ykn mijina fayyadamummaa akkasiitiin wal qabatee ka'u hunda ni dhoorka.